keessa mootichi bal'ina Masjidaatiif barbaadamnaan Bataskaana sana irraa hanga ta'e diigsisuun Masjidatti dabale.

Yeroo sana mootichatti namni dubbatu waan hin turreef martuu jaal'atanis jibbanis dirqama taatee sana tole jedhanii fudhatani. Barootaan booda ammoo barri bulchiinsa Umar ibnu Abdul'aziiz qaqqabe. Haqummaa isaatiin addunyaan isa bareera. Kanaafuu hordoftoonni amantaa Kiristaanaa kan biyya Dimishqaa jiraatanu walii galanii qaama dhimmichi ilaallatutti iyyatani.

Manni murtiis iyyaticha ilaaluun gochichi ta'ee darbe sirrii akka hin turre amanuun garuu amma diiguun waan hin mijanneef kafaltii maallaqaa fi bakka buusa iddoo keessaa akka filatanuuf filannoo jaraaf dhiheesse.

Umar garuu akkuma dhimmicha dhaga'een rogni Bataskaana irraa diigamee Masjidatti dabalame diigamee akka haqni jaraa deebifamuuf ajaje. Namoonni hedduun dhimma kana irratti jara waliin jaarsummaan taa'amee filannoo lamaan dhiheeffameef keessaa akka ta'uuf Umariin haasofsiisanii turani. Garuu Umar haqa jaraa waan ta'eef fedhii jaraatiin ala filannoo jaraa daangessuu akka hin dandeenye jala muree dubbate.

Qaamni roga Masjidaa sana diigus ergame. Qaamichis diiguuf qophii xumuree yeroo tarkaanfiif deemu. Xumura irratti abbootii haqaa kan ta'an hordoftoonni amantaa

Kiristaanaa taatee sanaan dinqamanii akka hin diigamnee fi bakka bu'aan bakkichaa akka kennamuuf gaafatani.

Kana haqummaan dhugaa. Jarri maalummaan haqummaa harkaa badee burjaaja'u as keessatti of haa ilaalu.

Mee ittuma fufna...

Bulchitoonni hedduun keessumaa bara kana rakkina hawaasaatiif kan jarri birmatanu rakkina namoota tuuta hedduu yoo ta'e. Dhuunfaadhaaf taanaan ammoo namoota beekamoo, abbootii aangoo, abbootii qabeenyaa rakkoon irra ga'e fi kkf yoo hin ta'in kan birmatu hin jiru.

Haa ta'u malee bulchiinsi haqaa gocha akkanaa irraa of qusachuu akka qabu namni hunduu itti amana. Bulchitootuma bara kanaa dabalatee. Hojiirra oolchuun itti ulfaatus jechuudha.

Bulchaan haqaa haqummaa isaa keessatti hawaasa bulchuuf wal-qixa tajaajiluuf dirqama qaba. Ta'uu baannaan haqummaa hin jedhamu. Maarree haqummaan isaa namoota beekamtii qabanu, abbootii qabeenyaa, abbootii aangoo,... qofarratti hojjeta taanaan maal faayidaan isaa?! Jarri birmattoota hedduu qabuum silumaa!.

Inni birmataa hin qabne isa harka qalleessa, qaama miidhamaa,... dha.

Dhimma kanaa wal simsiifnee mee gochoota Umar keessaa tokko haa ilaallu.

Bara bulchiinsa isaa keessa biyya Misir (Ijipti) irraa xalayaan tokko nama dhuunfaa wa'iirraa itti dhufe. Xalayaan sunis jaartii dadhabduu, harka qalleettii, bifti isii gurraattii taate. Kan maqaan isii "Fartuunatas-sawdaa'a (fartuunaa gurraattii)" jedhamtu irraayyi.

Xalayichis akkas jedha. "*Yaa dura bu'aa Mu'umintootaa manni koo duufaadha. Duufuu irra dabree rogni tokko na jalaa diigamee jira. Hattoonni ammoo achiin seenanii meeshaa na jalaa hataa jiru. Roga sana sirreessisuuf ammoo qabeenya ittiin hojjechiisu hin qabu. Kanaafuu akka na gargaartun barbaada.*" Jechuun itti ergite.

Umaris xalayicha argee akkuma dubbiseen hatattamaan xalayaa gara bulchaa biyya Misir irratti ramadee Ayyuub binu Shurahbiil jedhamuutti barreessee erge.

Xalayaan inni erges "*Gabricha Rabbii Umar ibnu Abdul'aziiz irraa. Gara bulchaa biyya Misir Ayyuub binu Sharahbiilitti. Yaa Ayyuub man-guddittiin Fartuunatas-Sawdaa'a jedhamtu biyya ati jirtu irraa xalayaa naaf ergitee turte. Manni isii waan jalaa jigeef gargaarsa gaafatte. Kanaafuu akkuma xalayaan koo si qaqqabeen hojjettoota fuudhii deemii ofii keetiif dhaabbadhuu ijaarsisiif.*" Jedha ture.

Ergamaanis hatattamaan halkan guyyaa imalee ittiin ga'e. Ayyuubis akkuma dubbiseen daddaffiin gara mana man-guddittii sanaa deemuun ijaarsiseef.

Mee haa xiinxallu. Osoo haqummaan hin jiraannee Bulchaa hanga sana ga'u ta'ee dhimma man-guddittii namni naannoo isiillee seeraan hin beeknee tokkoof bakka ni kennaa??! Dinqii dha. Haqummaa keessatti ga'ee Umar ibnu Abdul'aziiz himnee hin xumurru. Kanaafuu mee gara mata-duree itti aanuutti haa tarru.

• • • • •

❖ Seera kabachiisuu keessatti.

Umar akkuma dhiifamaa fi gara laafinaan guutame seera kabachiisuu keessattis nama daran cimaa akka ture kitaabban seenaa nuuf ibsu. Garuu bulchitoota isa dura dabarfatan hedduu irraa wanti adda isa taasisu osoo jiraatee. Bulchitoonni isa dura dabarfatan baay'inaan sababni jarri namoota adabanuuf gibira guutuu kaffaluu dhabuu, kabajaan jaraa tuqamuu fi kanneen kana fakkaataniini.

Garuu Umar seera ittiin hawaasa bulchuuf fudhatee itti seene seera Qur'aanaa fi Hadiisaa irra dabree seera dhuunfaa isaa tokkollee hin hordofne. Dhimma dhuunfaa isaatiifis nama tokkollee hin adabne.

Kana mirkaneessuuf ammoo mudannoo isaa tokko tokko yoo ilaallu bakka bu'aan isaa kan biyya Basraa xalayaa gara

isaatti ergee *"Yaa dura bu'aa Mu'umintootaa dargaggeessa tokko kan maqaa keessan xureessu argee qabeetanii akkan laalessee*[56] *adabuuf naaf hayyamaa."* Jedheen.

Umaris xalayaa barreesseefii hatattamaan itti ergee *"Namni tokkollee anaan waa jedheef adabamuu hin qabu. Maqaa mootolii xureesseef namni tokkollee du'aaf saaxilamuu hin qabu. Kan inni ajjeefamuu haqa godhatu yoo maqaa* ***Nabiyyii Muhammad*** *xureesse qofa.*[57]*"* jedheen.

Akkuma reefuu jenne garuu seera kabachiisuu keessatti ciminni isaa baay'ee himama.

Beektonni yeroo himanu bulchitoonni isa dura turan tarkaanfii seera qabeessa akka hin fudhannee fi yoo fudhatanis namoota hiyyeeyyolii fi dadhaboo ta'an qofarratti akka fudhatanu nuuf himu. Sababaa kanaafis namoonni daangaa seera shari'aa osoo hin taane daangaa kabajaa bulchitootaa fi gibira kaffalanuu qofarratti xiyyeeffannoo gochuu eegalani.

Umar garuu akkuma aangootti dhufee jijjiirama eegaleen haalli kun gara-galtoo ta'uu eegale. Namni yakka hojjete sooressas ta'ee hiyyeessa, beekaas ta'ee wallaalaa, abbaa

---

[56] Ajjeesuu waan ta'eef hayyama gaafate. Malee …

[57] Garuu maqaa Nabiyyii Muhammad xureessee namni lubbuun jiraachuu haqa godhatu tokkollee hin jiru. Garuu gaafa namni seera kana dhugoomsu addunyaarra hin jiraatin jiraachuuf mirga argata malee.

aangoos ta'ee hawaasa kaan. Abbaa fedhes yoo ta'e yakka kamiifillee adabbii seera qabeessa argachuu eegale.

Lubbuun lubbuudhaan, ijji ijaan, ilkaan ilkaaniin,... kaffalamuu eegale. Namoonni hatanis harki kutamuu, namoonni dhugaatii macheessaa dhuganis yeroo afurtama (40) reebamuu fi kanneen biroos kabachiisani.

Namni Ubbaadata binu Nasaa jedhamu tokko "Namtichi tokko dhugaatii macheessaa dhugee gara Umar fidame. Machaa'ee waan tureef ragaa addaa hin barbaadu ture. Kanaafuu Umar uffata irraa saaqanii qaama isaa qullaa yeroo afurtama reebani. Akkanni itti hin deebineefis akeekkachiisani. Namtichis akka itti hin deebine waadaa seenee nagaadhaan gadhiifame." Jedhee nuuf hima. Garuu namoota adaban keessatti ragaa quubsaa argachuu waliin sababaa inni yakka sana dalageef seeraan qulqulleeffatu ture.

Ibnul-jawziin wanta kana yeroo nuuf ibsanu "Guyyaa tokko namni Hannaan qabame tokko gara Umar fidame. Umaris hatuun isaa dhugaa ta'uu gaafateen. Innis dhugaa ta'uu mirkaneesseef. Itti aansuun sababaa inni hateef gafate. Innis akka malee rakkachuu ofii sababeeffachuun akka ta'ee fi filannoo biraa akka hin argatin itti hime.

Umaris rakkina isaa seeraan waan hubateef qabeenya hatame abbaa qabeenyichaatiif kaffale. Namticha hateef ammoo dirhamni 10 akka dabalamuuf ajaja dabarse." Jedhu.

Dabalataanis namoonni hordoftoota amantii Islaamaa hin ta'in fi ollaa biyyoota bulchiinsa Umar jala jiranii daldalaa fi wantoota tokko tokko sababeeffachuun gara biyyoota bulchiinsa Umar jala jiranii ni dhufu. Yeroo dhufanus dhugaatii macheessaa fudhatanii dhufu. Kanaafis amma booda dachii bulchiinsa isaatti akka jarri fuudhanii hin dhufne akeekkachiisuu waliin jarreen dhokfatanii seenan qoqqotuun akka hin sakatta'amneef waraana isaatiif ajaja dabarse.

Inumaayyuu Abdulmajiid binu Suhayli namni jedhamu dubbatee "Gosa Kanaasiiraa jedhamtu keessatti namoonni dhugaatii macheessaa dhuganu Bakka itti wal ga'anii dhuganu dhoksaan mijeeffatanii wal ga'anii dhugu. Anis akka tasaa ta'een bakka sana seene. Yeroon seenu manichi mana dhugaatii ta'uun bare. Namoonni walitti qabanis dhugaatii dhuguuf akka ta'en hubadhe. Kanaafuu hatattamaan gara humna waraanaa dhimma nageenyaatti deemuun wanta kana akeeke.

Dhimmi nageenyichaas 'dhimma kana nutis ni beekna. Umariinis beeksifneerra.GaruuUmar jarreen mana keessa dhokatanii jiranu akka nuti irraa hin saaqneef ajaja nuuf dabarseera.' Naan jedhe. Anis oguma Umar xiinxaleen cal'ise." Jedha. Itti fufna ...

• • • • •

❖ Haaromsa mana sirreessaa.

Ibnu Kasiir kitaaba isaanii "Al-Bidaayaa Wan-Nihaayaa"keessatti bulchiinsa duraanii keessatti namoonni gibira guutuu hin kaffallee fi kabajaa bulchiinsichaa xiqqoodhumallee tuqe; Akkasumas ajaja bulchitootaa irraa wanta tokkollee hir'ise gariin jaraa du'aaf yoo saaxilamanu hedduun jaraa ammoo mana sirreessaatiif akka sooraman nuuf himu.

Fakkeenyaaf yoo ilaalle. Mana hidhaa bulchiinsa biyya Iraaq kan ture Hajjaaj ibnu Yuusuf keessa qofa namoonni kuma saddeettama (80,000) ta'an akka turanii fi kumni soddomni (30,000) dubartoota akka turan nuuf ibsu.

Umar dhimma kana gadi fageenyaan waan beekuuf bakka bu'oota isaa biyyoota mara jiranuuf xalayaa barreessuun namoonni mana sirreessaa keessa jiran badiin jaraa baramee yeroo hammamiif akka adabamanis beekamee wal madaalchifamuun kanneen yakka gurguddaa hin dalagin akka gad-dhiifamanuuf ajaje. Kanuma hordofuun hidhamtoonni qixxeedhaa ol ta'an akka gad-dhiifamanis ni himama.

Kana malees xalayaa barreesse keessatti bakka bu'oota isaatin;

- Gannaa fi bona uffata wal fakkaataa akka jarri hin uffanne.[58]
- Dubartootaafhaalli mijataan akka taasifamu.
- Namoonni badii gurguddaa akka nama ajjeesuutiin hidhamanii fi namoonni liqiif qabamanii hidhaman bakka tokkotti akka hin hidhamne.
- Nyaanni jaraaf kennamu nyaata qulqulluu fi isuma humni nageenyaa nyaatuun wal fakkaataa akka ta'u.
- Namoota salaatuu barbaadanuuf haalli akka mijatu.
- Kanneen dhukkubsatanii fi rakkinni adda addaa irra qaqqabe yoo maatii jara tajaajilu hin qabaatin akka humna nageenya kabachiisu keessaa ramadameefii jara tajaajilanu.
- Bulchitoonni ammoo torbee keessatti guyyaa tokko (sanbata xinnaa) gara mana sirreessaa deemuun akka hidhamtoota daawwatan.
- Namoota yakka gurguddaadhaan qabamanii fi "ni miliqu." Jedhamanii sodaatamanu malee kaan hidhaa funyootiin akka hin bulles akeekkachiisaniiru.

Jijjiiramni kunis namoota hedduu akka dinqisiisee fi namoota mana sirreessaa keessa jiraataniif ammoo gammachuu guddaa jaraaf maddisiisuu irra dabree yeroo itti mana sirreessaa irraa turtii hidhaa jaraa xumuranii ba'anii itti bulchaa dinqii ta'e Umariin arganu hawwaa akka turan barreesitoonni gariin nuuf ibsu.

---

58 Yeroo qorraa uffata qorraaf ta'u, yeroo gubaas uffata gubaadhaaf ta'u akka uffatanu.